# Baqattoota haaraa dhufan – wantoota beekuu qabanii fi hojjechuu qabani

Australia qubattanii akka jiraattaniif gargaarsa kaffaltii fi tajaajilaa ni dhiyeessina. Kaffaltii keessan argachuu itti fufuuf wantoota murtaa’an hojjechuu qabdu, kanas mutual obligation requirements jennee waamna

## Odeeffannoo murteessoo

Jijjiiramni haala keessan irratti dhufu kamiyyuu kaffaltii keessan irratti dhiibbaa uumuu waan danda’uuf nutti himuu qabdu.

Guyyaa Australia dhuftan irraa eegalee torban 12 jalqabaa keessatti, biyyattii keessa akka qubattan isin gargaaruuf mutual obligation requirements irraa bilisa akka taatan kan isiniif kennamu ta’a.

Torbanoota 12 booda, yeroo hedduu isin quunnamuun Job Plan kan baasnu ta’a. Job Plan kuni gochoota kaffaltii keessan argachuuf isin dandeessisan akka hojjettan isin taasisa. Gochaaleen kunneen Australia keessa jireenyaan akka qubattan isin taasisu. Beellama kana deemuun dirqama, sana boodas yeroo hunda Centrelink tti gabaasuu isin barbaachisa. Yoo kan hin goone ta’e, kaffaltiin keessan dhaabachuu danda’a.

Yeroo baay’ee, gara dhaabbata tajaajila qaxarrii isin hin erginu akkasumas hanga ji’a 12 Australia keessa jirtanitti hojii barbaaduun isin hin barbaachisu.

Namoonni muraasni torban 12 bilisaan erga ta’anii booda gara dhiyeessitootaatti ergamu. Yoo kuni uumame, beellama irratti argamuun Job Plan dhiyeessitoota waliin mari’achuu qabdu yookaan kaffaltiin keessan dhaabbachuu danda’a.

Hojii daftanii argachuuf gargaarsa yoo barbaaddaniif Australia erga geessanii booda torban 6 irraa eegalee gara dhiyeessaa tajaajila qacarriitti akka isin erganiif gaafachuu dandeessu.

## Yeroo dhuftanitti

Hojjetaan dhimmaa keessan yoom gara Australia akka dhuftan nu beeksisu. Waa’ee beellama himannaa haaraa keessanii isin beeksisu.

Beellamni kun erga Australia geessanii booda guyyoota hojii 3 keessatti ykn Australia keessaa bakka galma keessan erga geessanii ta’a. Beellamni kuni yeroo baay’ee karaa bilbilaa taasifama. Beellama kana irratti argamuu qabdu.

Beellama kana irratti hojjettoonni keenya haala keessaniif kaffaltii sirrii ta’e akka gaafattan isin gargaaru.

Yoo nama isin gargaaru kan hin qabne ta’e, lakk bilbilaa **131 202** irratti bilbiluun afaan keessaniin nu haasofsiisaa. Beellama kan isiniif qabnu ta’a.

Beellama kan biroo muraasa isiniif ni qabna. Beellama qabdan hundaa irratti argamuun barbaachisaa dha, ykn kaffaltiin keessan dhaabachuu danda’a.

Waa’ee kaffaltii fi tajaajila nuti kenninu beekuuf seminaara irratti akka hirmaattan isin affeerra. Waa'ee kaffaltii keessanii odeeffannoo barbaachisaa ta'e waan argattaniif gara seminaarichaa akka deemtan barattan isin jajjabeessina. Deemuu kan barbaaddan yoo ta’e murteessuu dandeessu.

## Jijjiiramni kamuu yoo jiraate nu beeksisaa

Yeroo kaffaltii nurraa argattanitti haalli keessan yoo jijjiirame kaffaltii keessan irratti dhiibbaa uumuu waan danda'uuf nu beeksisuu qabdu. Jijjiirama kamiyyuu irraa eegalee guyyoota 14 keessatti kana gochuu qabdu. Nu beeksisaa yoo:

- odeeffannoo dhuunfaa ykn quunnamtii jijjiirtan
- teessoo yoo jijjiirtan
- Kaadhimaa keessan irraa yoo adda baatan ykn kaadhima haaraa qabattan
- ijoolleef kunuunsa kennuu eegaltan ykn adda kuttan, daa'ima kan godhattan yoo ta'e
- hojii kaffaltii qabu hojjettan
- dhukkubsattan, miidhamtan ykn qaama miidhamummaa qabaattan.

Odeeffannoo keessan kan feenu yoo ta'eef xalayyaa kan isiniif erginu ta'a. Xalayaa gara teessoo keessanitti ykn herreega myGov keessanitti kan erginu ta'a. Odeeffannoo kennuuf guyyoota 14 qabdu Kanaan achi kaffaltiin keessan dhaabachuu danda'a. Xalayicha hubachuuf yoo gargaarsa kan barbaaddan ta'e, lakk **131 202** irratti bilbiluu dandeessu.

## Torbee 12 tti

Torbanoota 12 Australia erga turtanii booda kan isin quunnamnu ta'a. Beellama kanatti nuti:

- haalli keessan akka hin jijjiiramne mirkaneeffachuuf kan ilaallu ta'a
- isin waliin Job Plan dalaguu (yoo barbaachiseef)
- waa'ee mutual obligation requirements isin beeksisuu
- waa'ee ulaagaalee gabaasaa fi akkamiin akka gabaafamu isin beeksisu
- ji'oota 12 dura hojii argachuuf gargaarsa kan feetan yoo ta'e, dhiyessitoota tajaajila qaxariitti isin ergu
- gara tajaajila qaxarrii dirqamaatti isin ergu (yoo barbaachisaa ta'e).

Beellama kana irratti argamuu qabdu, yookaan kaffaltiin keessan dhaabachuu danda'a.

## Job Plan

Yoo gara tajaajila qaxarrii dirqamaatti kan hin ergamne ta'e, Job Plan guyyaa Australia dhuftan irraa eegalee ji'oota 12f hojiirra oolu isin waliin ni hojjenna. Innis walii galtee gochaawwan Australia keessa qubattanii jiraachuuf hojjechuu qabdanii kan dubbatu dha.

Waa'ee gochaawwan filattanii kan haasofnu ta'a. Yoo xiqqaate gochaa tokko dalaguuf walii galuu qabdu.

Gochaawwan keessanis:

- Humanitarian Settlement Program irratti hirmaachuu
- karaa Adult Migrant English Program afaan Ingilizii barachuu
- Workforce Australia keessatti hirmaachuu
- ulaagaa hirmaannaa keessan irratti hundaa'uun hojiiwwan mirkaneeffaman hojjechuu, qo'achuu ykn lenjii hojii irratti hirmaachuu.

Kaffaltii keessan argachuu itti fufuuf gochaalee Job Plan keessan irra jiran hojjechuu qabdu.

Gochaalee sana keessaa tokkollee hojjechuu yoo dadhabdan dursitanii nu beeksisuu qabdu. Yoo nutti hin himne, kaffaltiin keessan dhaabachuu danda'a.

## Torban 12 booda maal gochuutu isin irraa eegama

Kaffaltii keessan argachuu itti fufuuf, dirqama ka nisin gochuu qabdan:

- beellama keessan hundaa irratti argamuu
- gochaalee Job Plan keessan dalaguu
- gochaalee keessan dalagaa jiraachuu nu beeksisuu
- madda galii hojii kamiyyuu yoo qabaattan nu beeksisuu.

Kaffaltii keessan torban lama lamaan argachuu itti fufuuf gochaalee irratti walii galame raawwachuu fi beellama keessan irratti argamuu qabdu. Yoo beellama Centrelink ykn kan dhiyeessaa dhaquu hin dandeenye, hatattamaan nu, ykn dhiyeessaa keessan beeksisuu qabdu.

Yeroo hammamiin gabaasa dhiyeessuu akka qabdan isin beeksisna. Gabaasa nutti dhiyeessuuf gara lakk **131 202** bilbilaa, gara giddu gala tajaajilaa adeemaa ykn liinkii herrega keessan Centrelink qabu myGov adeemaa..

## Employment Services Assessment

Yoo isin dhukkube, miidhamtan ykn qaama miidhamummaa qabaattan hojii akkamii hojjechuu akka dandeessan ykn sa'aatii meeqa hojjechuu akka dandeessan irratti dhiibbaa geessisu qabaattaniif Employment Services Assessment qopheessuu dandeenya.

Madaalliin kuni sa'atii hammamii hojjechuu akka dandeessanii fi hojiin gosti akkamii akka isiniif mijatu hubachuu akka dandeenyu kan nu gargaaru dha.

Osoo beellama Employment Services Assessment isiniif hin qabin dura ragaa fayyaa nuuf kennuu isin barbaachisa.

Beellama keessan irratti kan hin argamne yoo ta'e nu beeksisaa. Lakk bilbilaa **131 202** fayyadamuun nuu bilbiluu dandeessu.

## Ji'oota 12f Australia erga turtanii booda

Yoo amma dura tajaajila qaxarrii dirqamaa kan hin qabne ta'e ji'oota 12f Australia keessa erga turtanii booda nu waliin beellama ni qabaattu.

Beellama kana irratti haala keessan ilaaluun gara Workforce Australia tti kan isin erginu ta'a. Beellama kana irratti argamuu qabdu, yookaan kaffaltiin keessan dhaabachuu danda'a.

## Workforce Australia irratti hirmaachuu

Workforce Australia tajaajila qaxarrii kan hojii qopheessuu fi barbaaduuf kan isin gargaaruu danda'uu dha. Tajaajila toora interneetii qaba akkasumas networkii dhiyeessitoota kannen armaan gadiin isin gargaaran qaba:

- resume (liibistoo) keessan barreessuu
- afgaaffiif qophaa'uu
- dandeettiiwwan hojjechiifattoonni naannoo barbaadan qabaachuu
- hojii argachuu fi qabaachuu.

Australia ji'oota 12 erga turtanii booda Workforce Australia irratti hirmaachuu qabdu. Haa ta'u malee, daftanii hojii argachuu yoo barbaaddani, erga Australia geessanii torban 6 booda Workforce Australia keessatti hirmaachuu filachuu dandeessu.

Yoo Inclusive Employment Australia, Transition to Work ykn Remote Australia Employment Service argachuuf ulaagaa kan guuttan ta'e, torban 12 booda Australia keessatti kan isin erginu ta'a. Gochaalee Job Plan keessan irra jiran hojjechuu qabdu ykn kaffaltiin keessan dhaabachuu danda'a.

Miseensa maatii keessanii keessaa sagantaa kunneeniif nama ulaagaa guute qabaachuu dandeessu. Haala isaanii irratti hundaa'uun gochaawwan Job Plan isaanii keessatti hojjetaman hojjechuu qabu.

## Rent Assistance

Yeroo kaffaltii kiraa kaffaluu eegaltan Rent Assistance argachuu dandeessu. Kun kaffaltii dabalataa baasii kiraa manaa keessaniif isin gargaaruu dha.kanaaf iyyannaa galfachuu hin qabdan, ulaagaa ni guuttan yoo ta'e kafaltiin kuni iyyannaa alatti isinii kafalama.

Yeroo isin teessoo keessan nutti himtan, kaffaltiin kiraa keessan meeqa akka ta'e isin gaafanna. Kana fayyadamnee Rent Assistance hangamii argachuu akka dandeessan hojjenna.

Kiraa manaa hangamii akka kaffaltan ragaa akka nuuf kennitan isin gaafachuu mala. Walii galtee kiraa ykn Rent Certificate nuuf kennuu dandeessu yoo isin gaafanne.

## Odeeffannoo dabalataaf

- kaffaltii fi tajaajila Centrelink argachuuf **131 202** irratti bilbiluun afaan keessaniin nu haasofsiisaa. Yeroo nuuf bilbiltanitti Customer Reference Number (CRN) isin barbaachisa. Yoo CRN keessan hin galchine ykn kan hin beekne ta'e, sagalee waraabame afaan Ingiliffaan yeroo 3 kan dhageessan ta'a. Yeroo sadaffaa booda, sagalichi 'What language please?'' isiniin jedha. Qooqa keessan erga dubbattanii nama qooqa keessan dubbatu waliin kan wal isin quunnamsiisu ta'a.
- gara **servicesaustralia.gov.au/yourlanguage** adeemuun odeeffannoo afaan keessaniin dubbisuu, dhaggeeffachuu ykn viidiyoo ilaaluu dandeessu
- Medicare **132 011** fi Child Support **131 272** irratti bilbilaa. Nama afaan hiiku yoo barbaaddan nutti himaa, bilisaan isinii qopheessina
- giddu gala tajaajilaa daawwadhaa. Nama afaan hiiku yoo barbaaddan nutti himaa, bilisaan isinii qopheessina.

Hubachiisa: bilbilli bilbila mana keessanii irraa gara lakkoofsa '13'tti Australia bakka kamirraayyuu bilbilamu gatii murtaa'een kaffalama. Gatiin isaa bilbila naannoo irratti jijjiiramuu danda'a akkasumas dhiyessitoota tajaajila bilbilaa gidduuttii garaa gara ta'uu danda'a. Bilbila mana keessanii irraa gara lakkoofsa '1800' tti bilbiluun bilisa. Bilbilli hawaasaa fi mobaayila irraa bilbilamu yeroon kan daangeffamee fi kaffaltii ol'aanaadhaan kaffalamuu danda'a.

## Itti gaafatamummaa

Odeeffannoon maxxansa kana keessatti argamu qajeelfama kaffaltii fi tajaajilaa qofaaf kan yaadame dha. Kaffaltiif iyyachuu yoo feetan akkasumas addatti haala keessaniif iyyachuu yoo barbaaddaniif murteessitanii iyyachuun dirqama keessani.

# Newly arrived refugees – what you need to know and do

We provide payments and services to help you settle into life in Australia. To keep getting your payment, you must do certain things, we call these mutual obligation requirements.

## Important information

You need to tell us about any changes in your circumstances as they may affect your payment.

During the first 12 weeks from the date you arrive in Australia, you will be given an exemption from mutual obligation requirements to help you settle into the country.

After 12 weeks we will meet with you and, in most cases, make a Job Plan. This Job Plan will have activities that you must do to keep getting your payment. These activities help you settle into life in Australia. You must go to this appointment, and after that you will need to report to Centrelink regularly. If you don't, your payment may stop.

In most cases, we will not refer you to an employment services provider and you will not need to look for work until you have been in Australia for 12 months.

Some people are referred to a provider after the 12 week exemption. If that happens, you must attend appointments and negotiate a Job Plan with the provider or your payment may stop.

You can ask to be referred to an employment services provider from 6 weeks after you arrive in Australia if you want help to find work sooner.

## When you arrive

Your case worker will tell us when you have arrived in Australia. They will let you know about your new claim appointment.

This appointment will be within 3 business days of you arriving in Australia or when you reach your final destination in Australia. This appointment will usually be by phone. You must go to this appointment.

At this appointment, our staff will help you claim the right payment for your situation.

If you do not have anyone to help you, call **131 202** to speak to us in your language. We will book the appointment for you.

We will make some other appointments for you. It is important that you go to all your appointments, or your payment may stop.

We will invite you to a seminar to learn about our payments and services. We encourage you to go to the seminar because you will learn important information about your payment. You can decide if you want to go.

## Tell us about any changes

While you are getting a payment from us, you need to tell us if your circumstances change as it may affect your payment. You must do this within 14 days of any change. Let us know if you:

- change your personal or contact details
- change your address
- separate from your partner or have a new partner

- start or stop looking after a child, including having a baby
- do any paid work
- are sick, injured or have a disability.

We will send you a letter if we need information from you. We will send the letter to your address or your myGov account. You will have 14 days to give us the information or your payment may stop. If you need help understanding the letter, you can call us on **131 202**.

## At 12 weeks

We will meet with you after you have been in Australia for 12 weeks. At this appointment we:

- check to make sure your circumstances have not changed
- make a Job Plan with you (if required)
- tell you about your mutual obligation requirements
- tell you about your reporting requirements and how to report
- can refer you to an employment services provider, if you want help to get work before 12 months
- refer you to compulsory employment services (if appropriate).

You must go to this appointment, or your payment may stop.

## Job Plan

If you are not referred to compulsory employment services, we will make a Job Plan with you that is valid for 12 months from the date you arrived in Australia. It is an agreement that says what activities you will need to do to help you settle into your life in Australia.

We will talk to you about the activities you can choose. You must agree to do at least one activity.

Your activities can be:

- participating in the Humanitarian Settlement Program
- learning English through the Adult Migrant English Program
- participating in Workforce Australia
- doing other approved work, study or training activities, depending on your participation requirements.

You must do the activities in your Job Plan to keep getting your payment.

If you cannot do any of the activities, you must let us know beforehand. If you do not tell us, your payment may stop.

## What you need to do after week 12

To keep getting your payment, you must:

- go to all your appointments
- do your Job Plan activities
- tell us you are doing your activities
- tell us if you are getting any employment income.

To keep getting your payment every fortnight, you must do the agreed activity and go to your appointments. If you cannot go to a Centrelink or provider appointment, you need to let us, or your provider, know immediately.

We will tell you how often you need to report. You can report by calling us on **131 202**, going to a service centre or using your Centrelink account linked to myGov.

## Employment Services Assessment

If you are sick, injured, or have a disability that affects what work you can do or how many hours you can work we may arrange an Employment Services Assessment.

This assessment helps us understand how many hours you can work and what type of employment help is best for you.

You will need to give us medical evidence before we book an Employment Services Assessment for you.

Let us know if you cannot go to your appointment. You can call us on **131 202**.

## When you have been in Australia for 12 months

You will have an appointment with us once you have been in Australia for 12 months if you are not already with compulsory employment services.

At this appointment we will check your circumstances and refer you to Workforce Australia. You must go to this appointment, or your payment may stop.

## Participating in Workforce Australia

Workforce Australia is an employment service that can help you prepare and look for work. It has an online service and a network of providers to help you:

- write your resume
- get ready for interviews
- get skills that local employers need
- find and keep a job.

You have to participate in Workforce Australia after you have been in Australia for 12 months. However, you can choose to participate in Workforce Australia from 6 weeks after you arrive in Australia if you want to find work sooner.

If you qualify for Inclusive Employment Australia, Transition to Work or the Remote Australia Employment Service, we will refer you after 12 weeks in Australia. You will have to do the activities in your Job Plan or your payment may stop.

You may have some family members that will be eligible for these programs. They will have to do the activities in their Job Plan depending on their situation.

## Rent Assistance

When you start paying rent you may be able to get Rent Assistance. This is an extra payment to help with your rent costs. You do not need to apply, we automatically pay you if you are eligible.

When you tell us your address, we will ask you how much rent you are paying. We use this to work out how much Rent Assistance you can get.

We may ask you to give us proof of how much rent you pay. You can give us a lease agreement or fill in a Rent Certificate if we ask you to.

## For more information

- For Centrelink payments and services, call **131 202** to speak with us in your language. You need your Customer Reference Number (CRN) when you call us. If you don't enter or know your CRN, you will hear the recording speak 3 times in English. After the third time, the voice will say 'What language please?'. Say your language and you will be connected with someone who speaks your language.
- go to **servicesaustralia.gov.au/yourlanguage** where you can read, listen to or watch videos with information in your language
- call **132 011** for Medicare and **131 272** for Child Support. Let us know if you need an interpreter, and we will arrange one for free
- visit a service centre. Let us know if you need an interpreter and we will arrange one for free.

Note: calls from your home phone to '13' numbers from anywhere in Australia are charged at a fixed rate. That rate may vary from the price of a local call and may also vary between telephone service providers. Calls to '1800' numbers from your home phone are free. Calls from public and mobile phones may be timed and charged at a higher rate.

## Disclaimer

The information contained in this publication is intended only as a guide to payments and services. It's your responsibility to decide if you wish to apply for a payment and to make an application with regard to your particular circumstances.